HUNDEE BARSIISA KIRISTAANUMMAA

KUTAA
1. TOKKO
2. LAMA
3. SADII

Kutaa 1ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 1ffaa

Barnoota Tokkoffaa:- Fayyinna.....6

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8. Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Baranoota Tokkoffaa:- Fayyinna

Fayyinni maali?

Jecha fayyinna jedhu karaa garaa garaatiin hubachuu dandeenya. Namni tokko yoo balaa konkolaataa jalaa baye, ani balaa konkolaataa jalaa baye" jedha. Yoo dukkuba tokko irraa fayye dhukkuba sana fayeera jedha.

Fayyinni dubbiin Waaqaa dubbatu garuu jalqabbatti waayee fayyinna hafuuraa ti. Namni tokko murtii fi du'a barabaraa kan isa irra ga'uuf ture jalaa yommuu ba'u jechuu dha.

Fayyinni maal akka ta'e sirriitti hubachuuf waayee Addaamiitii fi Heewaanii ilaaluun barbaachisaa dha. Waaqayyoo erga uumama bifa bifaa fi gosa gosaan uumee fixatee booddee nama bulchaa waan cufaa godhe.

Nu akka Waaqayyo Addaamii fi Heewaan gaarii fi warra cubbuu hin qabne godhee uume dubbii waaqaa irraa ni agarra. (Um1:31; Lal 7: 29). Namni yoo dansaa ta'ee uumameyyuu waan filannoo bilisaa waa qabuuf ajaja Waaqaa cabse. Yeroo ajaja Waaqaa cabsettis akkuma Waaqni duraan isa akeekkachise sana du'a hafuuraa du'e. " Muka waan gaarii fi waan hamaa beessisu irraa hin nyaatiin; gafa isa irraa nyaate ni duutaatii." (Um 2:17)

Addaamii fi Hewaan atoo ajaja Waaqaa hin cabsiniin dura Ayyaana Waaqaa akkuma woyyaatti uffatanii jiraatu turan. Eega ajaja isaa cabsanii booddee garuu ayyaanni Waaqaa isaan irraa mulqame; akka qullaa hafanis hubatan. Baala mukaas marxifatan. (Um 3:7) Hafuuraan Waaqa irra fagaatani, kunis du'a hafuuraati. Duuti hafuuraa kan Addaamii fi Hewaaniin jalqabe sun nama mara dhaqqabe. (Rom 3:23; Efe 2:1-4) Kanaafuu namni kan dubbiin Waaqaa hingalleef, Qor 1^{ffaa} 2: 14); ufiisaa qofaaf kan jiraatu, kan fedhii ufiitiin deddeebi'u, madaalliin inni waan gaarii fi waan hamaa guutachuu qabu guutamuufi guutamuu dhabuu

fedhii ufii isaa ta'e; innis beekaas ta'u otoo hin beekin kan fedhii sheexanaa raawwatu ta'e. Kunis sababii yakka Addaamiitiif bu'aa waldhaniinsa Waaqaafi nama jidduutti uumamee ti.

Daandiin Fayyinnaa kan Waaqni Qopheesse maali?

Namni Waaqa irraa fagaachuun isaa gaarii waan hin taaneef, karaa biraa immoo Waaqayyo Abbaa murtii qajeelaa waan ta'eef cubbuun otoo hin adabamiin waan bira dabramuu hin qabneef Waaqayyoo daandii fayyinnaa kan hidaan cubbuu namaa ittiin baafamu qopheesse; daandiin sunis gooftaa keenna Yesuus Kiristoos araarsaa, dhugaa, isa karaa fi jireenya ta'uudhaan keenyan diinummaa diige sanaa dha. (Yoh 3:16, Qor 2^{ffaa} 5:18-19; Yoh 14:6)

Akkuma cubbuu nama tokkootiin (Addaamiitiin) duuti nama mara dhaqqabe sana karaa kiristoos Yesuus tokkicha sanatiin immoo jireenyi bara baraa namoota hunda dhaqqabe. (Rom 5: 15-21)

Ayyaanni sababii namni ajaja Waaqayyoo eeguu dideef irraa fudhatame sun yeroo inni dubbii Waaqaayyootii (wangeelaa) ajajamutti ni deebi'aaf, (Efe 2: 5-9)

Wanni Wangeelli jedhu gabaabinnatti kana;

1. Namni hundi sababii cubbuutiin du'a. Hafuuraan du'uu isaa.(Rom 3:23; 6:23)

2. Cubbamaa ta'uusaa beekee akka qalbii jijjiirachuu qabu (HuE 17:30)
3. Otoo nu cubbamtoota taanee jirruu Kiristoos cubbuu keennaaf jedhee akka du'ee fi hidaa cubbuu keennaa akka baase, Rom 5:8

4. Namni cubbamaa ta'uusaa beekee, qalbii jijjiiratee, aarsaa ta'uu Kiristoosi yoo amane akka du'a bara baraa irraa gara jireenya bara baraatti dabarruufi akka fayyinna argatu (Yoh 1:12; 3:16)

Dubbiin Waaqaa akka fayyinni Yesuus Kiristoos qofaan argamu nutti hima.

"Kanaaf amma warra Kiristoos Yesuus keessa jiranitti murtiin murteeffamu hin jiru." (Rom 8: 1)

"Maqaa biraa Kamiin iyyuu fayyinni hin jiru; akka ittiin fayyinuuf maqaan namootaaf kenname dhibiin samii gadi hin jiruutii." (HuE 4:12)

"Ani (Yesuus) karaa, dugaa fi jireenya; namni anaan malee gara abbaa dhufu hin jiru". (Yoh 14:6) " balballi sun ana; namni karaa kiyyaan seenu ni fayya; ni gala; ni baya; bakka itti bobba'us ni argata."(Yoh 10:9)

III. Yeroo Namni Tokko Fayyu jireenya isaa keessatti maaltu ta'a?

1. Hafuuraan lammata dhalata (hafuuraan uumama haarayaa ta'a) (Qor 1ffaa 5:17;Yoh 3:1-5)
2. Ilma (Intala) Waaqaa ta'a. (Yoh 1:12)
3. Dukkana keessaa gara ifa ajaa'ibsiisaatti ba'a. (Phe 1ffaa 2:9)
4. Araara Waaqaa argata; (Phe 1ffaa 2:10) Cubbuun inni duraan hojjate hundi ni dhiifamaaf (Yoh 1ffaa 1:17)
5. Du'a bara baraa irraa gara jireenya barabaraatti dabra. (Yoh 3:16)

IV. Namni Tokko Fayyuu isaa beekuu danda'aa?

"Jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beettaniif warra moqaa ilma Waaqaatti amantaniif ani kana isinii barreesseera." (Yoh 1ffaa 5:13) Namni tokko erga Yesusitti amanee booddee dubbii Waaqayyoo qofa otoo hin ta'in hafuurri Waaqaas akka inni

fayye dhugaa ba'aaf. Hafuurri sun mataan isaa ilmaan Waaqayyoo ta'uu keenya hafuura keenya waliin dhugaa ni ba'a. (Rom 8:16). cubbuu duri hojjatu sana jibbuu fi irraa fagaachuu jalqaba. Qalbiini isaas yeroo cubbuu hojjatutti (kan durii caalaatti) ifaan ifatti itti dheekkama. Akkasumas Waayeen fayyinna namoota biraas itti dhagayama. (Qor 2ffaa 5:18-19). Firiiwwan hafuuraas jireenya isaa keessatti muldhachuu jalqabu. Isaanis (jaalala, gammachuu, nagaya, obsa, gara-laafinna, harjooma, amantii garraamummaa, uf-qabuu). (Gal 5:22-23)

Walitti-dhufeenya Ilmummaa Waaqayyoo Waliin Qabnuu fi Tokkummaan nu Isaa Waliin Qabaachuu Qabnu maalii?

Walitti dhufeenya ilmummaa (Relation-ship); walitti dhufeenya Waaqayyo waliin maatii tokko ta'uu ti. Waaqayyo Abbaa keenya kan olii (hafuuraa) ti. Nummoo ijoollee isaa ti. Walitti dhufeenya keenna kanas kufaatii fi ka'uun keenya, dadhabuu fi jabeenni keennas hin jijjiiru. Kun walitti dhufeenya bara baraati. Walitti dhufeenya kana nu mataa keenya qofaattu dhiisuu danda'a. Fedhii keennaan, hardhaa jalqabee ani abbummaa kee hin fedhu, jennee waan hojjannu otuma beennuu, abbuummaa Waaqayyoo yoo ganne malee inni bara baraan nu hin ganu. Hamni isa irraa gargari nu baasuus hin jiru. (Rom 8:35-39)

Tokkummaa (Fellowship) garuu tokkummaa hafuuraa kan nu guyyuma guyyaan Waaqa waliin qabaachuu qabnuu dha. (Yoh 1ffaa 1:3) Tokkummaan nu Waaqayyo waliin qabnu (Fellowship) sababii cubbuutiin hafuu danda'a. (Is 59:1). Walitti dhufeenyi abbummaatii fi ilmummaa kan nu Waaqa waliin qabnu garuu haguma nu cubbuu hojjannu haqama (hafa) jechuu miti. Akkuma abbaan tokko ilma itti gammadu yookiin itti gaddu qabaatu sana, ilma Waaqaa gammachiisu yookiin gaddisiisuu ta'uu dandeenya. Garuu hanguma cubbuudhaan kufne ilmummaa yookiin fayyinna keenya dhabna jechuu miti. Yommuu sababii cubbuutiin Waaqayyo waliin tokkummaan keenya citetti, dafnee qalbii

jijjiirrachuudhaan araara Waaqayyoo argannee daandii keenya sirreeffachuu qabna. Erga qalbii jijjiirrachuun araara argannee booddee himata sheexanaa dhawuu hin qabnu. (Yoh 1ffaa 1:7-9; Yoh 1ffaa 2:1).

Gooftaan Maaliif nu fayyise?

Wonti Gooftaan nu fayyiseef otoo akka nu Jannata seennu qofaaf ta'ee inni yeruma nu fayyise sanatti rakkoo addunyaa kanaa jalaa nu fudhatee wayya ture. Garuu fayyuu fi Jannatatti galuu jidduutti wanti Waaqayyo akka jireenna keenna keessatti ta'uu barbaadu jira. Wantoonni kunneen maalii?

1. Akka nu isaan boqonnuuf

"Isin dadhaboonni, warri ba'aan isinitti ulfaate hundi gara kiyya koottaa; anis isin boqochiisaa; qaambara kiyya ufii irratti baadhaa; narraas baradhaa, ani garraamii*, garaa kiyyattis qajeelaadhaatii; lubbuun keessan boqonnaa argattii. Qaambarrii kiyya salphaadha; ba'aan kiyyas hin ulfaatu." (Mat 11:28-30)

"Boqodhaa; akka ani Waaqa ta'es beekaa." (Far 46:10)
Ajajamuu fi amantiidhaan boqonnaa isaatti ni galla. (Ibr 3:8-11;18-19, 4:1-3, 9-10)

"Inni waayee keessan ni yaadaatii; waan isin dhiphisu cufa isa irratti dhiisaa." (Phe 2ffaa 5:7)

2. Akka Isa Irraa barannuuf

"....Ana irraas baradhaa.." Mat 11:28

"Ijoolleen Teelleen kan Waaqa irraa baratan ni ta'u; nageenni ijoollee teetiis ni baayyata". (Is 54: 13)

"...Maariyaam immoo dubbii isaa dhagayuuf miila Yesuusii bira teettee turte. ...Yesuusis deebisee... Maariyaam carraa gaarii filatteerti; Isii irraas hin fudhatamu jedheen." (Luq 10:38-42 hundi haa dubbifamu).

Tartiiba Waamicha Gooftaa

A. Koottaa B. Boqodhaa C. Ana irraa baradhaa D. Tajaajilaa

(Yoo isaan boqonnee fi baranne malee tajaajiluu hin dandeennu)

Bakka Jireenna Isaa Ta'uuf akka Hojjatamnuuf akka qulqulloota taanuufi

"... Mana Hafuuraa ta'uuf hojjatamaa" (Phe 2 ffaa 2:1-5)
"...Bakka jireenya Waaqayyoo ta'uuf Hafuuraan waliin hojjatamtu" (Efe 2:20-22)
Qulqulleeffamuu yookiin xuraawwuun garaa keenna keessatti yookiin yaada keenna keessatti jalqabama.

"Haaromfamuu qalbii (yaada) keessaniitiin jijjiiramaa malee addunyaa kana hin fakkaatinaa." (Rom 12:1-2; Qor 1ffaa 6:19-20)

Wonni nu qulqulleessu dhiiga Yesuus Kiristoosiitii fi dubbii Waaqaati. (Ibr 9:13-14; Yoh 1ffaa 1: 7; Yoh 17: 17; Efe 5:25-27)

4. Akka Isa Galateeffannuuf (Akka Ulfinna isaatiif jiraannuuf)

(Far 50:14-15, 23. Sen 1ffaa 23:30-32; Rom 1:21)

5. Gaarummaa isaa Odeessuufi (dhugaa bawuuf)

(Phe 1ffaa 2:9; HuE 1:8; Mat 5:14)

Hujii Waaqayyo Tokkoo Tokkoo Keennaaf ramade akka hojjannuuf

Efe 2:10; HuE 13:36, 9:15

Walumaa galatti kaayyoon fayyinna keennaa inni dhumaa <u>Kiristoos fakkaachuu dha.</u>

"... Akka bifa ilma isaa fakkaataniif duraan dursee murteesseera." (Rom 8:29) Nu Kiristoosin kan fakkaannu, yoo fedhii foonii balleessinee, firiin (midhaani) hafuuraa jireenya keenya keessatti guddachaa deemee dha.

(Gal 5:22-25) "Firiin Hafuuraa garuu, jaalala, gamma- chuu, nagayaa, obsa, harjooma, tola, amantii, garraamu- mmaa fi uf-qabuu dha. ....warri kan Kiristoos Yesuusi ta'an foon hawwii hamaa fi fedhii isaa wajjiin fannisaniiru."

Kanaaf warri dhunfaatti Gooftaa fudhanne martinuu Yesuus Kiristoos fakkaachuuf dubbii isaa dubbiifachuun, Waaqa kadhachuudhaan akkasumas amantoota waliin tokkummaa uumuudhaan guyyuma guyyaan jabaachuu qabna. (HuE 2:42; Ibr 10:24-25)

"Egaa akkuma Kiristoos Yesuus fudhattanitti isaan jiraa- dhaa, hiddas gadifageeffadhaatii isaan ijaaramaa. Akkuma barattanittis amantiitti jabaadhaa, Galannis isinii haa baayya- atuu." Qol 2:6-7)

Barumsa Tokkoffaa:- Fayyinna

Lakk. Eeyummaa ; _____
Maqaa ; _____
Teessoo ; _____
_____
_____

1. Akka fayyinni kabajamaa fi haajaaakka salphaatti hin ilaalamne ta'e, dubbiin Waaqaa kitaaba Ibr 2:3 keessatti, "Fayyinna guddaa akkanaa yoo fudhachuu dinne akkamitti jalaa bawuu dandeenna?" jechuudhaan ibsa. Ilma namaatiif Fayyinni maaliif barbaachise?
2. Ergaawwan (bu'uusaa) jalqabaa kanwangeelli dabarsu maal fa'a?
3. Akka Namni fayyinna argatuuf;
   A. Waaqni maal godhe?
   B Tarkaaffiini namni fudhachuu qabu maali?

4. Jijjiirama jireenya nama fayyinna argatee keessatti mullachuu danda'u keessaa gugurdaan maal fa'a?
5. Waaqayyo yeroo karaa Kiristoos Yesuusiittiin nama fayyisutti,

   A. Namichi fayye sun Walitti dhufeenna akkamiitiin Waaqa waliin akka jiraatuufii ?
   B. Kaayyoon dhumaa kan Waaqayyo akka namichi fayye sun dhaqqabuuf jedhee karoorseef (yaadeef) maali

6. Fayyinnaa argattaniirtuu?
   Yoo deebiin keessan "eeyee argadheeraa " ta'e, akka fayyinna argattan akkamitti baruu dandeettani?
   Yoo deebiin keessan "hin argannee" ta'e yookaan waan argadhe "hin se'u" ta'e, sababii keessan barreessaa.